# سُورَةُ الشُّورَىٰ
# Suuraa Shuuraa

*Dura dursoo suuran tun suuratushuraa je'amti

قبل كل شئ هذه سورة الشورى

*Isiin suuraa makkaati aayata (23,24, 25,27} malee isiin ta madiina'aatii.

وهي سورة مكية الا الآية ٢٣- ٢٤ – ٢٥ – ٢٧ فهي مدنية

*Aayatoonni tan isiii shantamii sadii, 53

وآياتها ( ٥٣ ) آية

*Lakkooysi isidhaa afurtamii lama.

وترتيبها ( ٤٢ )

*Isiin eega fusgilatii buute

نزلت بعد سورة فصلت

* Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

**1-2}** * (Haa miim kgiin siin qaaf } Ma-kgnaan jecha (Hgaa miim kgiin siinqaaf jecha'aa kana Rabbumaatu waan itti fedhan beekha

حمٓ ﴿١﴾ عٓسٓقٓ ﴿٢﴾

*Akkasitti

كَذَٰلِكَ

*Siif hima. yookii si barsiisa.

يُوحِىٓ إِلَيْكَ

*Warra si durallee barsiisa anbiyootaf dhaama,

وَإِلَى ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِكَ

3} *Rabbiin injifataan, hgikmaa qabu,

ٱللَّهُ ٱلْعَزِيزُ ٱلْحَكِيمُ ﴿٣﴾

*Wanni samiifii, dachii keessa jiru hu-ndi kan isaati. Uumu'uufii ,qabeenyafii .karaa hundaan ta isaati .

لَهُۥ مَا فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِى ٱلْأَرْضِ

*Rabbiin kan waan hundaa oliiti,

وَهُوَ ٱلْعَلِىُّ

4} *Rabbiin waan isaan hin malle hun-darraa guddate, kan hiriyaa hin qabne .

ٱلْعَظِيمُ ﴿٤﴾

تَكَادُ ٱلسَّمَٰوَٰتُ يَتَفَطَّرۡنَ مِن فَوۡقِهِنَّۚ

*Samiin torban.soda Rabbiitif baqeyxee wal gubbaa kufu'uuf, dhiyaatti. Samiin torbeeysa'aa ta jaheessa'arra kuftee, hanga ta jalaa Iafarra kuftee, dachiin baqayxee, gaarri jijjigutti ,

وَٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ يُسَبِّحُونَ بِحَمۡدِ رَبِّهِمۡ

*Malaaykan tasbiihga gooteti, Rabbi faarsitee, waan isaan hin malle hundarraa isa qulqulleesiti .

وَيَسۡتَغۡفِرُونَ لِمَن فِي ٱلۡأَرۡضِۗ

*MaIaaykonni warra islaarnaa kan dachi'irra jiruuf, araara Rabbirra barbaadan, yaa Rabbi warra sitti amane, kan lafarra jiruuf araarami rahgmata godhiif, je'anii

أَلَآ إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلۡغَفُورُ

*Dhagayaa Rabbiin kan warra isatti amaneef, araaramu .

ٱلرَّحِيمُ ٥

5}*Kan rahgmata isiniifgodhu.

وَٱلَّذِينَ ٱتَّخَذُواْ مِن دُونِهِۦٓ أَوۡلِيَآءَ

*Warri Rabbii achitti asgnaarna takkaa taabota waliyyii god hate, asgnaamni Rabbii keenya yookaa Rabbitti nu dhiyeessa je'anii, gabbaran, takkaa ibaadan .

ٱللَّهُ حَفِيظٌ عَلَيۡهِمۡ

*Jara san Rabbiin dalagaa isaanii eegeti isaanirratti Iakkaawa. Irraa isaan gaafatu'uu jecha, waa takkan dhiisuu.

وَمَآ أَنتَ عَلَيۡهِم بِوَكِيلٖ ٦

6}*Ati yaa ergamaa kiyya Muhammad dalagaa isaanii eeydee, iirnaanatti isaan giddu'utti hin wakkalamne. iimaana qalbii isaanii seensisu'uuf sin ergine , ati wanni sirra jiru, diin keenya itti geessu' yoo itti geessite, eegasii amanu'uufii, amanuu dhabuun isaanii harka Rabbiiti jirti, ati irraan gaafatamtu .

وَكَذَٰلِكَ أَوۡحَيۡنَآ إِلَيۡكَ قُرۡءَانًا عَرَبِيّٗا

* Akkasitti qur'aana,afaan arabaatin si barsiifne , yookaa sirratti buufne ,

لِّتُنذِرَ أُمَّ ٱلۡقُرَىٰ

* Akka warra haadha gandootaa keessa jira sodaachiftee, akka amanan gootuf .haati gandootaa (makkaa} Wanni mandara makkaatin haadha gandootaa, haadha mandarootaa je'aniif, isi'iitu biyya dura dursoo Rabbiin Iafarratti uumee guddise jecha'aafi .

وَمَنْ حَوْلَهَا

*Ammallee akka,warra, biyyoota naannoo ( makkaa } jirtu, qajeelchituufii warri naannoo makkaa jiru : warra makkarraa hanga bayatti makkarraa hanga dhiyatti jim, ammallee warra mirgaa bitaa makkaa jiru .hunda .duuba akka sodaachiftee, karaa Rabbii , warra addunyaa tanarra jiru mara, qajeelchituufi,si erginee qur'aana sirratti buufne .

وَتُنذِرَ يَوْمَ الْجَمْعِ

*Akka nama hunda, guyyaa wal gayaa sodaachiftuufi, guyyaan walitti qabamaa, guyyaa qiyaama'aati.kan dhufu'uu taa'u.

لَا رَيْبَ فِيهِ

*Kan dhufuu isaa keessa, mamni, yookaa shakkiin hin jirre,

فَرِيقٌ فِي الْجَنَّةِ

*Gaafas narnni bakka lamatti adda ba-ya, tuuta jannata seentufii, nama tayuu jinni tayuu, nama Rabbitti amane jechu'uu,

وَفَرِيقٌ فِي السَّعِيرِ ﴿٧﴾

7} *Tuuta ibiddaati, sun warra kafaree, nama tayuu inni tayuu Rabbi moromuu

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ لَجَعَلَهُمْ أُمَّةً وَاحِدَةً

*Rabbiin odoo fedhee , ummata mara , diinaa tokkorratti walitti qaba nama hunda islaamarratti takkaa kufri`irratti walitti qaba .

وَلَٰكِن يُدْخِلُ مَن يَشَاءُ فِي رَحْمَتِهِ

*Haa tayuu Rabbiin san hin feenee , tanaaf jecha, nama garii, gabroota isarraa rahgmata isaa keessa seensisa, jannata isaa keessa seensisa, iimaana isaa kennee. sun tuuta jannataati .

وَالظَّالِمُونَ

*Warri Rabbitti kafaree,ifmiidhe,

مَا لَهُم مِّن وَلِيٍّ

*Nama isaanii tolu hin qaban,

وَلَا نَصِيرٍ ﴿٨﴾

8} *Warra isaan gargaaree azaaba irraa deebisu hin qaban, isaan tuuta ibiddaatii.

أَمِ اتَّخَذُوا مِن دُونِهِ أَوْلِيَاءَ

*Si inumaa orma kuffaaraasun, rabbii , achitti sganama Rabbi godhatanii, gabbaranii ? guyyaa qiyaama'aa nu shafa'aniif eeggatanii ? haa tayuu wanni isaan Rabbitti qindeessanii gabbaran, isaanii hin toltu isaan hin shafaatu.

فَٱللَّهُ هُوَ ٱلۡوَلِيُّ

*Rabbiin isuma kan haqaan gabbaramu. Isa malee wanni gabbaruu haqa godhatu, hin jiru. isumaatu mu'mina gargaara, isumaatu waliyyii isaanitti,

وَهُوَ يُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰ

*Rabbiin kan warra dhumee qabrii jiru j iraachisee, qabri'ii kaasu

وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٞ ٩

9} *Inni kan waan fedhe hunda dandayu kan wanni isa dadhabsiisu hin jirre

وَمَا ٱخۡتَلَفۡتُمۡ فِيهِ مِن شَيۡءٖ

*waan isiniifii,ormi, kuffaaraa irratti wal dhabdan, dubbii diina'aa taatuu,tan biraa taatuu .

فَحُكۡمُهُۥٓ إِلَى ٱللَّهِۚ

*Firdiin waan sanii guyyaa qiyaamaaa gara Rabbiiti deebiti, isaatu gaafas mura. kan haqarrajiruJannata seensisee, firdiin waan sanii guyyaa qiyaama'aa, girdiin waan sanii guyyaa qiyaama'aa, gara Rabbiiti deebiti, isaatu gaafas mura . kan Firdiin waan sanii guyyaa qiyaama'aa, gara Rabbiiti dirdiin waan sanii guyyaa qiyaam

ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبِّي عَلَيۡهِ تَوَكَّلۡتُ وَإِلَيۡهِ أُنِيبُ ١٠

10}*An gara isaatin deebi'a.

فَاطِرُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ

*Rabbiin,kan samiidhafii dachii uume

جَعَلَ لَكُم مِّنۡ أَنفُسِكُمۡ أَزۡوَٰجٗا

*Rabbiin lubbuma teessanirraa beera keessan isinii uume. Hgawwaa cinaacha (Aadam} kan bita'arraa,isaa ,rafu, fuudhee, cinaacha sanirraa uumee .

وَمِنَ ٱلۡأَنۡعَٰمِ أَزۡوَٰجٗاۖ

* Ammallee hori'irraa dhala'aa dhiira isinii uume.

يَذۡرَؤُكُمۡ فِيهِۚ

*Wanni akkas isinii godheef, isin heddommeysu'uufi dhala'aa dhiiran walirraa horsiisee. horii isin nyaachisee,

لَيۡسَ كَمِثۡلِهِۦ شَيۡءٞۖ

*Wanni Rabbi fakkaataa takkalleen hin jirtu, Rabbiin fakkaataa hin qabu. yoo sheyxaanni Rabbiin fakkii akkanaati qaba siin je'e jalaa didi namni Rabbiin wahi fakkaata je'e, namni Rabbii wahitti haajama je'e, namni Rabbiin haala tokkorraa haala to kkotti jirjiirama je'u kaafira.waan qur'aanafii hgadiisarraa dhufe, kan makgnaan isaa gubbaa yoo laalan, makgnaa aayata kanaatin aayata da barsineen wal dhabu, akkuma inni dhufetti qaraana. Rabbiin waa takka hin fakkaatuu yaadu'uun wajji namni dubbii tanarraa akkaan waan isa fayyadu ida'atuu fedhe , kitaaba imaamul {BEYHAQI'II} kan {Al'asmaa' wassgifaati} je'amu haa qara'uu. yookaa haa

dubbisuu akkuma kitaaba {Mushkilulhgadiisi wa bayaanihuu} je'u laalun barbaadamu inni kan sheekha beyhaqi'iitii

وَهُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْبَصِيرُ ﴿١١﴾

11}*Rabbiin kan waa takkan fakkaanne kan waa takka isan fakkaanne sun ,kan waa dhagayu kan argu kan waa takka isarraa hin dhukhanne, Rabbiin dhagayaa argaa, dhageeyti'iifii argaa isaan maltu tan wanni takkalleen isan fakkaanne.

لَهُۥ مَقَالِيدُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ

*Rabbiin kan furaan sarniiifii dachi`ii harka isaa jirtu. kan furaan bakka rizq-iin sami'ii, kan akka roobaa jirtu, ammallee furaan bakka rizqiin dachi'ii, kan akka waan mayruu(mayruu} jirtu, harka isaa jiru .

يَبْسُطُ ٱلرِّزْقَ لِمَن يَشَآءُ

*Rabbiin nama fidhetti,rizqii bal'isa galata isaaf galchamoo hin galchuu laal-u'uu jecha,

وَيَقْدِرُ

*Nama fedhetti rizqii rakkisa. Isa mokkoru'uu jecha. Ni obsamoo hin obsuu laalu'uuf.

إِنَّهُۥ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيمٌ ﴿١٢﴾

12}*Rabbiin kan waa hunda beekhu kan nama rizqii itti bal'isuu haqa godhatuufii, kan itti rakkisuu haqa godhatu, addaan beekhu.

۞ شَرَعَ لَكُم مِّنَ ٱلدِّينِ مَا وَصَّىٰ بِهِۦ نُوحًا

*Diinirraa, waan nabi nuuhgii dhaamne, isinii dhaamnee , isinii odeessine,

وَٱلَّذِىٓ أَوْحَيْنَآ إِلَيْكَ

*Ammallee waan sirratti buufue yaa ergamaa kiya muhammad isinii dhaame.

وَمَا وَصَّيْنَا بِهِۦٓ إِبْرَٰهِيمَ

*Ammallee waan nabi ibraahiimifi dhaamne karaa isinii goone .

وَمُوسَىٰ وَعِيسَىٰٓ

*Ammallee waan nabi muusa'aafii, kgiisaadhaa dhaamne, isinii dhaamnee jirra

أَنْ أَقِيمُوا۟ ٱلدِّينَ

*Wanni isaanii dhaamne sun,diin keessan qabadhaa, arkaana isaa eegaa, tokkummaa Rabbii yaadaa

وَلَا تَتَفَرَّقُوا۟ فِيهِ

*Diin keessatti walin dhabbina jenneen anbiyoonni hundi,diin tokkichaan ummatatti dhufan , diin sun tokkummaa Rabbii yaaduu. ergamoota Rabbitti amanuu. Kitaabban Rabbitti amanuu.malaaykaa Rabbitti amanuu ,guyaan qiyaama'aa ni dhufaa dhugo'oomsuu. qadgaa'afii qadaratti amanu' . kun waan anbiyoonni marti ergameeni. Ammoo shari'aan anbiyootaa wal dhabdi. haa tayuu anbiyoonni shari'aadhaa shani,isaan warra sabr-

i'iiti je'amanii. kan anbiyaa keessaa dura dursoo shari'aadhan dhufe nabi {NUUHGI} isa dura heera towhgiidaa malee, heera shari'aadhaa anbiyoonni tokkolleen hin dhufneen. Aadam, heera towhgiiciatiifii, dantaa jiru'uu qofa barsiisuu ture. Anbiyoonni isa boodatis,hanga nuuhgitti (heeruma} aadam oofuu turan, nabi (nuuhg}dhufnaan shari'aa (haati} , obboleettin, intalti, namarratti haraam tayu'uu fide. duuba anbiyoonni nuuhg booda dhufe, kan akka huud ,kan akka saalihg faan,shari'umu{nuuh} oofan.hanga nabi ibraahiim dhufutti. nabi ibraahiim dhufnaan, shari'aa haarawaan dhufe. ammoo anbiyoonni isa booda dhufe, hanga nabi musa'atti shari'uma ibraahiim oofan ,nabi muusan dhufnaan, shari'aa haarawaan dhufe. duuba anbiyoonni isa boodaa dhufe hundi , hanga nabi (kgiisa'atti} shari'aa nabi muusa'aa oofan, hanga nabi kgiisan dhufutti. inni shari'aa haarawaan dhufe anbiyoonni isa booda hundi isa jala deeme hanga nabi Muhammad dhufutti, nabi muhammad dhufnaan shari'aa haarawaan dhufe. Shari'aa guutuu, shari'aan biraa duuban hin dhufne, shari'aa hanga guyyaa borutti yookaa qiyaarna'atti deemtu. tan ir'uu takkan qabne.

كَبُرَ عَلَى ٱلْمُشْرِكِينَ مَا تَدْعُوهُمْ إِلَيْهِ

*Karaan towhgiidaa.karaan islaamaa kan isin itti isaan yaamtan kun , kuffaaratti ulfaata. warra Rabbitti waa qindeessutti ulfaate

ٱللَّهُ يَجْتَبِىٓ إِلَيْهِ مَن يَشَآءُ

وَيَهْدِىٓ إِلَيْهِ مَن يُنِيبُ ﴿١٣﴾

*Rabiin nama fedhe gabroottan isarraa maraxatee waan ifii jaalatu qunnamsiisa 13}*Akkasuma nama gara isaa deebi'e karaa haqaa qajee1cha .

وَمَا تَفَرَّقُوٓا۟

*Warri diinaa adda addaa kun , diin keessatti wal dhabanii addan oabaane gariin amanee gariin kafaree,

إِلَّا مِنۢ بَعْدِ مَا جَآءَهُمُ ٱلْعِلْمُ

*Eeguma beekkomsi tawhgiidaa, isaanii dhufeeyi malee. eega ragaan tokkummaa Rabbii.ragaan dandeytii isaa waan laalanii arganirraa isaanii mul'atee beekhanii , kafaran. WallaaIan hin kafarree.

بَغْيًۢا بَيْنَهُمْ

*Beeka'aa haqarraa maquuuf'jecha akkamitti waan feenu dhabna'aaf jecha yahuudan duraan kitaaba isaanii keessatti, zamana boodaa keessatti nabiyicha bifti isaa yookaa asxaan isaa akkanaatu ergamu'uuf,taa'aa,itti amanaa dhugo'oomsaa jechaa gar tee, itti amanu'uu teessu, nabi muhammad, asxaa isaan beekhaniin erga maan, itti amanuu didan rnaalif arabarraa

taye, rnaalif yahuuda'arraa tayuu oole'e'eef .. duuba Rabbiin warra beek-a'aa kafare sanitti dallanuu nu beysisee akki je'e :

وَلَوْلَا كَلِمَةٌ سَبَقَتْ مِن رَّبِّكَ *Odoo jechi, firdiin Rabbii keetii, kan warra kafare kanarraan azaaba booda aansa

إِلَىٰٓ أَجَلٍ مُّسَمًّى *Hanga guyyaa qiyaama'atti je'ee muree dabarse jiraatu baatee,

لَّقُضِىَ بَيْنَهُمْ *Silaa warri kafare sun addunyaa tanarratti azaabama yookaa qixaaxama.

وَإِنَّ ٱلَّذِينَ أُورِثُواْ ٱلْكِتَٰبَ مِنۢ بَعْدِهِمْ *Warri kitaaba( towraat, injiil} dhaalchi fame yahuuda'aafii nasgaaran, kanneen eega warra isaan dura dabreetii dhufan, keessattuu warri isaanirraa zamana nabi muhammad jiru .

لَفِى شَكٍّ مِّنْهُ *Kitaaba isaanirraa shakkii qaban, waruma isaan duraajala deemanii qabatan malee, inni kitaaba Rabbiin buuse jechaa ,hubantii hin qaban.waan zamanni dheeran irra dabree, afaan kitaabni towraatifiiinjiil bu'een wallaalamee, tarjamaa isaa malee, hun deen kitaabban sanii dhabamteef. kan tarjamaa hafte sanuu, namni walirra a katabu, yookaa barreessu, baballeesse. kan hanga hafetti, kabiirro tiin isaanii,if biraa waa ideate .ammallee irraa waa ir'ifte .sodaa rnootot aatif.takkaa matumma'a ,yookaa horii barbaadaf.duuba kun hundinuu, warra booda dhufe shakkisiise .

مُرِيبٍ ﴿١٤﴾ **14}***Shakkii, yookaa mama, isaan dhamaasu, kan haqa isaan wallaalchisu kan shakkii itti ida'u.

فَلِذَٰلِكَ *Towhgiida anbiyoonni hundi dhufeen kanatti,

فَٱدْعُ *Nama yaamii, barsiisi ,

وَٱسْتَقِمْ *Qabadhu irratti goggogi, hayn'i, kana malee hin jiru.

كَمَآ أُمِرْتَ *Akka itti ajajamtetti. karaa Rabbii qabadhu. sodaa dhuga'aa Rabbii kee sodaadhu ibaadaa haqaa, Rabbii kee ibaadi,

وَلَا تَتَّبِعْ أَهْوَآءَهُمْ *Waan warri Rabbitti kafare jaalatu , fedhii isaanii jala deemtee,hin dalagin .. towhgiidarraa sin maysin

وَقُلْ ءَامَنتُ بِمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ مِن كِتَٰبٍ *Kitaaba Rabbiin haqaan buuse hunda dhugo'oomse itti amane .

| | |
|---|---|
| وَأُمِرْتُ لِأَعْدِلَ بَيْنَكُمُ | *Haqaan dubbii isin jiddu'utti muru'uttin ajajame |
| ٱللَّهُ رَبُّنَا وَرَبُّكُمْ | *Waaqni, Rabbii keenyafii, keessani, isaatu nuufii ,isinillee uumee guddisa, |
| لَنَآ أَعْمَٰلُنَا | *nuti dalagaa teenya qabna. kheyrii taatuu sharrii taatuu |
| وَلَكُمْ أَعْمَٰلُكُمْ | *Isinis dalagaa teessan qabdan, kheyrii taatuu sharrii taatuu, hundi keenya dalagaa isarraa gaafatama. |
| لَا حُجَّةَ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمُ | *Wal diddaan nuufii isin jidduu hin jirtu |
| ٱللَّهُ يَجْمَعُ بَيْنَنَا | *Rabbiin guyyaa qiyaama'aa walitti nu qaba, nu jiddu'utti dubbii laalu'uu jecha |
| وَإِلَيْهِ ٱلْمَصِيرُ ﴿١٥﴾ | 15}*Wanni hundi, gara Rabbiiti deebitii namuufuu,waan inni haqa godhatu kenna ,ibidda tayuu jannata tayuu . |
| وَٱلَّذِينَ يُحَآجُّونَ فِى ٱللَّهِ | *Warri diin keessatti nabiin rnoromo waan inni je'u qeebaluu didanii, |
| مِنۢ بَعْدِ مَا ٱسْتُجِيبَ لَهُۥ | *Eeguma namni hundi,diin isaa qeebaIee, itti seenee. eeguma ragaan diin islaarnaa haqa tayu'uu isaanii mul'atee. warri diin islaamaa haqa miti je'ee falamu. |
| حُجَّتُهُمْ دَاحِضَةٌ عِندَ رَبِّهِمْ | *Ragaan isaanii, kan isa qabatanii namattiin falman, waan kijibaa kan hin jirre. waan bade,kan baxale, Rabbiin isaanii baratti . |
| وَعَلَيْهِمْ غَضَبٌ | *Jara san dallaansuu Rabbiitu isaanitti bu'e. |
| وَلَهُمْ عَذَابٌ شَدِيدٌ ﴿١٦﴾ | 16}*Isaan aakhira'atti azaaba jabaa qaban. |
| ٱللَّهُ ٱلَّذِىٓ أَنزَلَ ٱلْكِتَٰبَ بِٱلْحَقِّ | *Rabbiin keenya isa qur'aana haqaan buuse. |
| وَٱلْمِيزَانَ | *Ammallee kan qixxurnmaa buuse, takkaa kan rniizaana wahiin likkeessan buuse, miizaana buusun; itti dalaguu nama barsiisuu, yookaa yaachisu' . |
| وَمَا يُدْرِيكَ | *Maaltu weytii qiyaarnan dhuftu si beysise. |

لَعَلَّ ٱلسَّاعَةَ قَرِيبٌ ﴿١٧﴾

17}*Dhiyu'utti dhufuun isiidhaa ni malaa. wanni aaqilarratti jiru isii sodaatee, sinqii guyyaa sanii dalagatuu. takkaa galaa fudhatuu

يَسْتَعْجِلُ بِهَا ٱلَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِهَا

*Warri Rabbitti kafare, kan guyyaan buruu ni dhufaa hin dhugo'oomsine, qishna'aaf, qiyaaman yoorn dhufti je'anii jarjarsiifatan. Waan qiyaaman hin dhufue seyanu,

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟

*Ammoo warri Rabbitti amane,kan qiyaaman ni dhuftii dhugo'oomse,

مُشْفِقُونَ مِنْهَا

*Qiyaamaa,waan isii keessa dhufu, ni sodaatan

وَيَعْلَمُونَ أَنَّهَا ٱلْحَقُّ

* Akka qiyaaman haqa taate ni beekan,

أَلَآ إِنَّ ٱلَّذِينَ يُمَارُونَ فِى ٱلسَّاعَةِ

* Dhagayaa, warri qiyaamaa moromo dhuftii hin yaanne.

لَفِى ضَلَـٰلٍۭ بَعِيدٍ ﴿١٨﴾

18}*Jallina haqarraa fagu'oo keessa jiran

ٱللَّهُ لَطِيفٌۢ بِعِبَادِهِۦ

*Rabbiin , kan gabroota isaatii rahgmata godhu. bada'aafii, tola'alle'ee. kan dilii dalagani'iifbeelan isaan hin fin'e. kan waan garii mul'isee waan hamtuu dhoysu (laxiif} jechuun kan hamtuu fakkeessee gaarii namaa kennu jechu'

يَرْزُقُ مَن يَشَآءُ

* Nama fedheef, mu'minaafii, kaafirarraa rizqii hira

وَهُوَ ٱلْقَوِىُّ

*Inni jabaa waan fedhe dalagu .

ٱلْعَزِيزُ ﴿١٩﴾

19} *Kan injifatuu malee, waa takka isa hin injifanne .

مَن كَانَ يُرِيدُ حَرْثَ ٱلْـَٔاخِرَةِ

*Nama sawaaba aakhira'aa barbaadu'uf dalagu, kan waan aakhira'aa fachaafate .

نَزِدْ لَهُۥ فِى حَرْثِهِۦ

*Sawaaba dalagaa isaa isaaf idaama sawaaba dalagaa takkitti'ii, kudhan saaf goonee, yoo yaanni isaa tole sani rra,isaaf dabarsina .hanga dhibba torbaan geenyutti.sawaaba dalagaa ga-

ari'ii takkitti.salaata,soomana. ilmaanifdalagu, nama gargaaruu, yoo Rabbii je'ee dalage, sawaaba dachaa argata. Hundi dalagaa aakhira'aatii .

| | |
|---|---|
| وَمَن كَانَ يُرِيدُ حَرْثَ ٱلدُّنْيَا | *Ammoo namni dalagaa isaatin sawa-aba addunya'aa ar`aa`u, nama yaada adunyaa argatu'uutin , waan dalagu, dalagu |
| نُؤْتِهِۦ مِنْهَا | *Sawaaba addunya'arraa waan isaaf qoodame, ni kenninaaf. |
| وَمَا لَهُۥ فِى ٱلْـَٔاخِرَةِ مِن نَّصِيبٍ ﴿٢٠﴾ | 20}*Inni aakhira'atti qananii jannata- |

rraa qooda hin qabu namni tokko yoo addunyaa malee iimaana dide , sun kaafiraa , waa takka qananii aakhi`arraa qooda hin qabu ,inni warra ibiddaatii ammo yoo rabbitti amanee , haa tayuu addunyaa jala cayuu malee ibaadaa xiqqeesse , yookaa ibaadaa godhu mama garsiifatu`uuf dalage inni aakhira`atti qooda guutuu hin qabu , ammo mata`aan hin dhabu wanni dalagan hundi niyaa jala deemti Namni nyaata nyaatutti ibaadaa rabbirratti jabaatuu niyyate dalagaan isaa tu falagaa aakhira`aati jr`amti yoommoo nyaata isaatin dili'irratti jabaatuu niyyate takkaa yaade, dalagaan isaa tun dalagaa addunya'aati je'amti wanni biraatis akkasi

| | |
|---|---|
| أَمْ لَهُمْ شُرَكَـٰٓؤُا۟ | *Si ormi kuffaaraa sun, sheyxaana yookaa jinnii, yookaa sganama Rabbi godhatanii qabanii ? |
| شَرَعُوا۟ لَهُم مِّنَ ٱلدِّينِ | *Kan wanni kuffaarri Rabbi godhate sun .shari'aa badduu,heera hamaa, diini je'anii, isaanif kaayan . |
| مَا لَمْ يَأْذَنۢ بِهِ ٱللَّهُ ۚ | *Waan Rabbiin ittin ajajin wanni sun. akka Rabbiin hiriyaa qaba jachaa, karaa isaanii godhu'uutii, Rabbiin ilma qabaa yaadu'uuti . |
| وَلَوْلَا كَلِمَةُ ٱلْفَصْلِ | *Odoo jechi murti'ii, kan jazaan, yookaa qixaan'i, guyyaa qiyaama'aati taya, je'ee Rabbiin dabarsejiraatuu baatee, |
| لَقُضِىَ بَيْنَهُمْ ۗ | *Silaa kuffaarafii, mu'mina jiddu'utti, firdiin godhamti. kuffaarri addunya'arratti qixaaxamee. |
| وَإِنَّ ٱلظَّـٰلِمِينَ | *Warri Rabbitti kafare , |
| لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٢١﴾ | **21}** * Azaaba isaan laalessuutu isaanif Jlra |
| تَرَى ٱلظَّـٰلِمِينَ | *Guyyaa qiyaama'aa warra kafare ni garta. |

مُشۡفِقِينَ *Isaanii sodaatu .

مِمَّا كَسَبُواْ *Dilii addunya'arratti dalaganiif'.

وَهُوَ وَاقِعُۢ بِهِمۡۗ *Azaaba yookaa qixaaxni,isaanitti bu'aa , bakka itti jalaa hayan hin qahan

وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ *Warra addunya'arratti amanee,waan gaarii Rabbiin itti ajaje dalage,

فِي رَوۡضَاتِ ٱلۡجَنَّاتِۖ *Roowdgaa jannataa keessa, irra gaarii jannataa keessa qubatan ,

لَهُم مَّا يَشَآءُونَ عِندَ رَبِّهِمۡۚ *Isaan Rabbii isaanii biraa, waan fedhan, hunda qaban ,

ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡفَضۡلُ ٱلۡكَبِيرُ ﴿٢٢﴾ 22}*Wanni mu'minni Rabbi biraa qabu sun, kennaa guddoo hanganaa namni himuu hin dandeenye Rabbi malee .

ذَٰلِكَ ٱلَّذِي يُبَشِّرُ ٱللَّهُ عِبَادَهُ *Sun waan Rabbiin, gabroottan isaatin gammachiisu

ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِۗ *Warra amanee,waan gaarii dalage.

قُل لَّآ أَسۡـَٔلُكُمۡ عَلَيۡهِ أَجۡرًا *Orma kuffaaratiin akki jettu; an diin isin barsiisu'urratti ,mo'oya,yookaa waa naa kennaa, isiniin hinje'u .

إِلَّا ٱلۡمَوَدَّةَ فِي ٱلۡقُرۡبَىٰۗ *Haa tayuu wannin isinirraa barbaadu , aanaa kiyya jaalatuu,rahgimummaa firummaa ,naafii isin jidduu jirtuu jittanii na miidhu dhiisu'.diin Rabbiitan gabroottan isatti geessaa.kun waan nabiin kuffaara qureyshi'iitin je'e. wanni isaanin je'e: yoo nabiyyummaa kiyyaa na dhiisuu baattan, yoo na jala deemuu diddan, rahgimummaa naafii isin jidduu jirtu Iaala'aa, na dhiisaa. faayda'an isinii qabaa. Ammas wannije'ame: aanan nabii mu'mina hunda. Akkasuma wanni je ame :Aalin nabii (banii haashimiifii banilmuxalib} kana wanni jabeessu :hadiisa nabi Muhammed (waan lama kabajamaadhan isin keessatti dhiise sun:qur'aanafii aalii tiyyaa, wannin isinitti dhaammadhu aalii tiyya naa jabeesuu naa laaluu} je'u. tanaaf jecha: aalii nabii jabbeessun jaalatuun dirqama nama hundaati .

وَمَن يَقۡتَرِفۡ حَسَنَةً *Namni waan gaarii dalage ,ibaadaa Rabbii, waan Rabbiin jaalatu ,sanirraa aalii nabii jaalatu'uu. akka ibnu abbaas je'e .

نَّزِدۡ لَهُۥ فِيهَا حُسۡنًاۚ *Sawaaba waan gaarii inni dalagee isaaf idaana. kudhanirraa hanga torbaatamatti hanga dhibba torbatti, yoo niyyaan tolte.

إِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٌ

*Rabbiin kan dilii namaaf araaramuu

شَكُورٌ ﴿٢٣﴾

**23}** * Kan dalagaa xiqqoo namarraa qeebalee, galata isiirratti namaaf heddommeysu

أَمۡ يَقُولُونَ ٱفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبٗاۖ

*Si inumaa kuffaarri wanni je'u rnuhammad qur'aana Rabbiitu buuse, je'ee waan Rabbiin hin buusin kijiba Rabbirra kaaya je'anii?

فَإِن يَشَإِ ٱللَّهُ يَخۡتِمۡ عَلَىٰ قَلۡبِكَۗ

*Duuba Rabbiin odoo fedhee ,qalbii teeti jabeessee waan isaan siin je`an kanarratti jabeessa , si sabbarsiisa rabbiin dhugumaan obsa kenneefii qalbii isaa jabeesse .

وَيَمۡحُ ٱللَّهُ ٱلۡبَٰطِلَ

*Kijiba isaan je`an ni haqa .

وَيُحِقُّ ٱلۡحَقَّ

*Rabbiin haqa gad jabeessa .

بِكَلِمَٰتِهِۦٓۚ

*Qur`aana nabirratti buusee

إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ﴿٢٤﴾

24}*Rabbiin waan namni qomaa qabu hunda waan gara`atti dhoyfatan hunda beekha .

وَهُوَ ٱلَّذِي يَقۡبَلُ ٱلتَّوۡبَةَ عَنۡ عِبَادِهِۦ

*Rabbiin kan towbaa gabroota isarraa qeebalu kan nama gara isaa deebi`e dhiyeessu .

وَيَعۡفُواْ عَنِ ٱلسَّيِّـَٔاتِ

*Kan dilii yookaa cubbuu irraa deebi`an dhiifama namaaf godhu .

وَيَعۡلَمُ مَا تَفۡعَلُونَ ﴿٢٥﴾

25}*Rabbiin waan gabroonni isaa dalagu beekha .

وَيَسۡتَجِيبُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Waaqni , waan warri amanee waan gaarii dalage isa khadhtee mara dhagayeefii , isaanii kennee .

وَيَزِيدُهُم مِّن فَضۡلِهِۦۚ

*Waan isaan hin kadhatin ida`ee arjummaa isaatin isaanii kenna takkitti kudhan yookaa sanii ol godhee .

وَٱلۡكَٰفِرُونَ لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدٞ ﴿٢٦﴾

26}*Warra rabbi moromeef azaaba jaba`aatu jira

۞ وَلَوۡ بَسَطَ ٱللَّهُ ٱلرِّزۡقَ لِعِبَادِهِۦ

*Odoo rabbiin nama hundaaf rizqii bal`isee.

لَبَغَوۡاْ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Silaa hundi isaanii jallateeti dachii balleessa.

وَلَٰكِن يُنَزِّلُ بِقَدَرٖ مَّا يَشَآءُۚ

*Haa tayuu rabbiin rizqii gabrootan akka maluun isaanii buusa yookaa qoodaa hadiisa keessatti wannni nabirraa odeeffame rabbiin akki je`e gabroota kiyyarraa nama durummaa malee hiyyummaan isaan tolle kan yoon biyyoomse hiyyummaan diin isaa duraa balleesitu ammallee gabroottan kiyyarraa nama hiyyummaa malee durummaan isaan tolle , kan yoon isa duroomse durummaan diin isaa duraa balleessituutu jira je`e tana beekhaa rabbiin namuufuu rizqii akka isaan malutti kenna .

إِنَّهُۥ بِعِبَادِهِۦ خَبِيرُۢ بَصِيرٞ ٢٧

27} *Rabbiin gabroottan isaa ni beekaa, ni argaa,

وَهُوَ ٱلَّذِي يُنَزِّلُ ٱلۡغَيۡثَ

*Rabbiin kan rooba sarni'ii buusu yookaa roobsu

مِنۢ بَعۡدِ مَا قَنَطُواْ

*Eega warri rooba dhabe, nuun roobu je'anii garaa muratanii ,

وَيَنشُرُ رَحۡمَتَهُۥۚ

*Rabiin barakaa roobaa hunda waliin gaya ni bal'isa , baliseeti bakka .

وَهُوَ ٱلۡوَلِيُّ

*Rabbiin kan mu'minaaftolu.

ٱلۡحَمِيدُ ٢٨

28}*Kan akka maratti faarfamu, keessattuu mu'mina biratti .

وَمِنۡ ءَايَٰتِهِۦ خَلۡقُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ

*Ragaa tokkummaa Rabbiitifii, dandaytii isarraa sami'iifii dachii uumu'u. akka ajaa'ibaa, kan laallee garru kanatti.

وَمَا بَثَّ فِيهِمَا

* Ammas aayata, yookaa ragaa iimaanarraa waan inni uumee sami'iifii dachii keessa facaase,

مِن دَآبَّةٖۚ

*Waan lafarra yaa'urraa, namaafii, waan birarraa .

وَهُوَ عَلَىٰ جَمۡعِهِمۡ إِذَا يَشَآءُ قَدِيرٞ ٢٩

29}*Rabbiin waan uume san hunda qabri'ii kaasee hoggaa fedhe walitti qabuu dandaya sun guyyaa qiyaama'aatii .

وَمَآ أَصَٰبَكُم مِّن مُّصِيبَةٖ

*Yaa warra Rabbitti amane, wanni bala'arraa, addunyaa tanarratti isin tuqe hundi,

فَبِمَا كَسَبَتْ أَيْدِيكُمْ

*Sababaa dilii isin harka keessaniin dalaydaniifi, Cubbuu teessan isinirraa dhiqu'uufi. balaan yookaa rakkoon isinitti buuti.

وَيَعْفُوا عَن كَثِيرٍ ﴿٣٠﴾

30}*Rabbiin dilii isin dalaydan hedduu isiniif dhiisa kan addunya'arratti ammallee aakhira'atti, isin hin qixaan'e . diliin gosa lama, takka tan balaan addunya'arratti nama tuyxu odoo qoreen nama waraanullee taatee, namarraa hayxe, irraa nama qulqullee ssitu kan gaafin dilii sanii aakhira'atti lammada namatti hin deebine, waan Rabbiin,yakka namatti hin lammeessineef jecha .. diliin takka: tan Rabbiin akkanumatti namaa dhiisu, tan addunya'arratti bala'aan nama hin qixaaxne, tan aakhira'atti ibiddaan naman qixaaxne, dilii Rabbiin akkanumatti namaa dhiisutu taanirraa akkaan hedduudha. balaan dilii namarraa dhiquun: yoo namni balaan itti buute dilii qabaate, ammoo yoo nama dilii hin qabne taye kan akka nabiyyi'iifaa. Balaan isatti buutu darajaa isaati aakhira'atti 01 fuutifi joollenis akkasi takkaa balaan joollee fa'atti buutu dilii haadhaa aba'arraa dhiqu'uufi haa tayuu, sun darajaa isaanii 01 fuudhuu je'ama .

وَمَا أَنتُم بِمُعْجِزِينَ فِي الْأَرْضِ

*Ammoo isin yaa warra Rabbitti kafare, dheysitanii, Rabbiin dadhabsiiftanii, qixaaxa waaqaa jalaa hin baatan. dachii tanarraa bakka itti jalaa baatan hin qabdan

وَمَا لَكُم مِّن دُونِ اللَّهِ مِن وَلِيٍّ

*Akkasuma Rabbii achitti waliyyii, nama isinii tolo, hin qabdan.

وَلَا نَصِيرٍ ﴿٣١﴾

31}*Nama isinii dirmatee azaaba, yookaa qixaaxa Rabbii, isinirraa dhoowwu, hin argattan ,

وَمِنْ آيَاتِهِ

*Ragaa towhgiida Rabbiitifii ajaa'iba qudraa isarraa

الْجَوَارِ فِي الْبَحْرِ

*Safiinaa bahara keessa olii gad deemtu, yookaa dhaabbattu ,

كَالْأَعْلَامِ ﴿٣٢﴾

32} *Gugurdoo akka gaaraatan bishaan bahar baqaysitee, ba'aa ulfaattu'uun deemtu. tan sanuu qilleensan deerntu tan qilleensuma tokkoon, tuun achi deemtee ,tuun as deemtu .

إِن يَشَأْ يُسْكِنِ ٱلرِّيحَ

*Rabbiin yoo fedhe,qilleensa safiinan deemtun san, dhaabee safiinan waan deemtun dhabdee,

فَيَظْلَلْنَ رَوَاكِدَ عَلَىٰ ظَهْرِهِۦٓ

*Duuba tan bakka takka bahara keessa dhaabbattu tan hin deemne taati ,

إِنَّ فِى ذَٰلِكَ لَءَايَٰتٍ

*Waan dubbanne keessa gorsaatu jira .

لِّكُلِّ صَبَّارٍ

*Nama bala'arratti akkaan sgabbaruuf.

شَكُورٍ ﴿٣٣﴾

33}*Nama waan Rabbiin isaaf kennerratti akkaan galata isaaf galchuuf

أَوْ يُوبِقْهُنَّ

*Takkaa qilleensa hamaa safiina'atti gad lakkisee gara galchee, waau isi'irra jiruun wajji baharri liqimsa.

بِمَا كَسَبُوا۟

*Sababaa warri safiinaa (doonii} san qabu ,dilii dalageef isaan qixaaxee .

وَيَعْفُ عَن كَثِيرٍ ﴿٣٤﴾

**34}** *Rabiin dilii hedduu namaaf dhiisaa, safiinaa hedduu,bahara hin nyaachisu ,warra isii qabu hin qixaaxu ,dilii sanii je'ee.

وَيَعْلَمَ ٱلَّذِينَ يُجَٰدِلُونَ فِىٓ ءَايَٰتِنَا

*Wanni safiinaa garii warra isii qabu, kan dilaaye balleessef,isaan qixaaxu'u-ufi. wanni safiinaa garii nagaya baasef kan warri isii qabu isatti balleessee jiru? akka warri aayata Rabbii moromu hoggaa bahara wal'akkaa j iran beekhu'uufi akka

مَا لَهُم مِّن مَّحِيصٍ ﴿٣٥﴾

35}*Bakka azaaba Rabbirraa itti dheysan hin qabne beekaniif kan saniif jechaa yaa Rabbi nu baasi je'anii isa qofa yamatan.

فَمَآ أُوتِيتُم مِّن شَىْءٍ

*Isin yaa i1maan namaa wanni isin addunyaa tanarratti argattan yookaa kennamtan, addunya'arraa

فَمَتَٰعُ ٱلْحَيَوٰةِ ٱلدُّنْيَا ۖ

*Waanuma addunyaa tana keessatti itti qanani'an, kan dafee dhabamu,

وَمَا عِندَ ٱللَّهِ خَيْرٌ وَأَبْقَىٰ

*Sawaaba dalagaa gaariii kan Rabbiin aakhira'atti namaa kennuutu irra caala , qananii Rabbiin aakhira'atti namaa ken-

nuutu qananii addunya'arra caala .

لِلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَلَىٰ رَبِّهِمۡ يَتَوَكَّلُونَ ﴿٣٦﴾

36} *Warra Rabbitti amanee, isumatti irkateef,

وَٱلَّذِينَ يَجۡتَنِبُونَ كَبَٰٓئِرَ ٱلۡإِثۡمِ

*Warra dilii gurguddo'orraa fagaatu, sun waan akka nama hamatu'uu nama walitti diru'uutii .

وَٱلۡفَوَٰحِشَ

* Amrnallee warra dilii fokkattuu akka zina'aa yookaa gumnumma'aa fa'arraa fagaatu .

وَإِذَا مَا غَضِبُواْ هُمۡ يَغۡفِرُونَ ﴿٣٧﴾

37} *Isaan yoo namni isaan aarsee daIl-anan Dhiifama namaa godhan.ni araar-aman irra namaa dabran .

وَٱلَّذِينَ ٱسۡتَجَابُواْ لِرَبِّهِمۡ

*Isaan warra yaaminsa Rabbii isaanii dhagayanii Rabbitti amananii,isa gab-baran.

وَأَقَامُواْ ٱلصَّلَوٰةَ

*Kanneen salaata salaatan

وَأَمۡرُهُمۡ شُورَىٰ بَيۡنَهُمۡ

*Kanneen dubbiin isaanii wal rnariiin taatu nabi muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu waan lolaa faa keessatti asaabaa isaatin mariyata. qalbii isaanii tolchu'uuf, ammallee nu barsiisu'uu echa , odoo Rabbiin amaan mariyutu'urraa isa duroomsee jiruu. Wal mariya-tuun waan jabduu. tanaaf nabi muhammad akki je'e: (gaafa matootin teessan warra gaggaarii, collee, tayan, dureeyyin teessan arjaa taate, dubbiin eessan mari'iin taate. udda dachi'irra jiraatu'uutu irra isiniif caala. ammoo yoo mato-otin teessan warra isin jibbitan, warra haqan beyne, tayan dureeyyin teessan doyn'a taate, dubbiin teessan harka dhiiratii baatee harka dhala'atti galte garaa dachi'iitu isiniif irra caala }je'an. ammas nabi muhammad akki je 'e :( Namni namaan mariyate baduma hin sheenayu} je'an. Namni mariyataniin,nama hayyuu waan san keessa isi'ii beekkomsa qabu tayuu, waan dhuga'aa malee himuu dhabuu

وَمِمَّا رَزَقۡنَٰهُمۡ يُنفِقُونَ ﴿٣٨﴾

38}*Warri sawaaba Rabbi biraa qabu warra waan nuti isaanii kennine Rabbii je'anii kennatan .

وَٱلَّذِينَ إِذَآ أَصَابَهُمُ ٱلۡبَغۡيُ

*Isaan warra hoggaa roorran isaan tuyxe

هُمۡ يَنتَصِرُونَ ﴿٣٩﴾

39}*Nama isaan miidherraa biiluu yookaa gadoo bayan, kanneen roorroo ifirraa deebisan kan hanga inni itti roorriserra dabarsanii itti hin roorifne, nama jecha tokkoon isaan arrabse jechuma saniin arrabsan ,

وَجَزَٰٓؤُاْ سَيِّئَةٖ سَيِّئَةٞ مِّثۡلُهَاۖ

*Jazaan yookaa yakkiti balleesaa takkaa takkittuma akka isiiiti hamtuu takkittii takkittii akka isi'iitin deebisan

فَمَنۡ عَفَا

*Haa tayuu namni nama isa miidhe miidhuu dhiisee,dhiifama godheefii ,

وَأَصۡلَحَ

*Nama isa miidhe sanitti gara'aan fayye

فَأَجۡرُهُۥ عَلَى ٱللَّهِۚ

*Rabbiin sawaaba guddaa isaa kennuu hin oolu, galanni isaa Rabbirra jira

إِنَّهُۥ لَا يُحِبُّ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٤٠﴾

**40}***Rabbiin,nama roorro'oon nama eegalu jalqabu hin jaalatu. ni qixaaxa jechu'

وَلَمَنِ ٱنتَصَرَ بَعۡدَ ظُلۡمِهِۦ

*Namni nama isa miidherraa biiluu yookaa haluu baye, eega inni isatti roorrisee .yookaa miidhee. lubbuma isaatin nama isa miidhe san miidhe.

فَأُوْلَٰٓئِكَ مَا عَلَيۡهِم مِّن سَبِيلٍ ﴿٤١﴾

**41}** * Jarri nama isaan miidhi miidhe sun maa nama is in miidhe miitan jecha'aaf hin qabaman, sharxii haqa isarra ida'uu dhabu'uutin,ammallee sharxii mangistii sodaatuu dhabu'-uutin am mallee sharxii heyn'i isaa isaaf ragga'uutin, shaahidaan yookaa eehamaan.

إِنَّمَا ٱلسَّبِيلُ عَلَى ٱلَّذِينَ يَظۡلِمُونَ ٱلنَّاسَ

*Qabamiinsi, takkaa yakkamuun, nama biraatii mitii, warra akkanumatti ka'ee nama miidhurra jira

وَيَبۡغُونَ فِي ٱلۡأَرۡضِ بِغَيۡرِ ٱلۡحَقِّۚ

*Kan haqaan male'etti lafa balleessu'uuf deeman , takkaa fedhan. shiftaa faa taya nii dilii dalaganii .

أُوْلَٰٓئِكَ لَهُمۡ عَذَابٌ أَلِيمٞ ﴿٤٢﴾

**42}***lara akkasii saniif, ibidda isaan laalessuutu jira

وَلَمَن صَبَرَ

*Namni miidhame,kan biiluu bayuu dhiisee obse

وَغَفَرَ — *Kan nama isa miidhef dhiifama godhe

إِنَّ ذَٰلِكَ — *Obsu'uufii balleessa'arra namaaf dabrun sun,

لَمِنْ عَزْمِ ٱلْأُمُورِ ﴿٤٣﴾ — 43}*Waan akkaan barbaadamu, yoo biiluu bayuu dhiisun kan namicha namatti roorrisu san jaynoomsitee rcorroo itti fufu'utti kaaftu taate, ifirraa dhowu'uutu irra barbaadama.

وَمَن يُضْلِلِ ٱللَّهُ — *Nama Rabbiin jallise ,

فَمَا لَهُۥ مِن وَلِيٍّ مِّنۢ بَعْدِهِۦ ۗ — *Nama isaa tolee.isa qajeelchu Rabbii achitti, eega Rabbiin jallisee hin argatu

وَتَرَى ٱلظَّٰلِمِينَ لَمَّا رَأَوُا۟ ٱلْعَذَابَ — *Orma kuffaaraa guyyaa qiyaama'aa hoggaa isaan azaaba ijaan argan ni garta ,

يَقُولُونَ هَلْ إِلَىٰ مَرَدٍّ مِّن سَبِيلٍ ﴿٤٤﴾ — 44}*Isaanii yaa dhiiroo addunya'atti deebi'uudhaf, karaa qabnaa? akka amannee ibidda kana jalaa baanu, isaanii je'u garta

وَتَرَىٰهُمْ يُعْرَضُونَ عَلَيْهَا — *Ammas isaanii ibiddarra fidaman garta

خَٰشِعِينَ مِنَ ٱلذُّلِّ — *Isaanii xiqqaatee sodaatu .

يَنظُرُونَ — *Kan ibidda laalan .

مِن طَرْفٍ خَفِيٍّ ۗ — *Ija soda'aatin, dhoysa'aan ibidda laalan

وَقَالَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓا۟ — *Warri Rabbitti amane akki je'e: addunya'arratti takkaa aakhira'atti .

إِنَّ ٱلْخَٰسِرِينَ — *Warri khasaaraa hoongan qabne khasaare .

ٱلَّذِينَ خَسِرُوٓا۟ أَنفُسَهُمْ — *Isaan lubbuu isaanii hoongessan

وَأَهْلِيهِمْ يَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ ۗ — *Warra warra isaanillee dhabe, warra isaanii, kan odoo silaa amananii jannata keessaa argatan, dhaban,kan akka beera jannataa, joollee jannataa,tan Rabbiin warra isatti amaneen qan aniisu'uuf uume.duuba kuffaarri lubbuu isaa ibidda zalaalami'ii seensu' uun, warra jannata keessatti odoo amanee argatu dhabu'uun hoongaye, je'an.

| | |
|---|---|
| 45}*Dhagayaa warri Rabbitti kafare, azaaba zalaalami'ii keessa taa'a . | أَلَآ إِنَّ ٱلظَّٰلِمِينَ فِي عَذَابٍ مُّقِيمٍ ﴿٤٥﴾ |
| *Ormi kuffaaraa nama isaanii tolee, isaanii dirmatee Rabbii achitti azaaba Rabbii, isaanirraa deebisu kan argatan hin taane, | وَمَا كَانَ لَهُم مِّنْ أَوْلِيَآءَ يَنصُرُونَهُم مِّن دُونِ ٱللَّهِ |
| *Namni Rabbiin jallise . | وَمَن يُضْلِلِ ٱللَّهُ |
| 46} * Karaa addunya'arratti haqatti isa geessu hin qabu, ammallee karaa aakhira'atti jannatatti isa geessu hin qabu . | فَمَا لَهُۥ مِن سَبِيلٍ ﴿٤٦﴾ |
| *Yaa gabroota Rabbii, Rabbii keessan dhagayaa kama inni itti isin yaamu qabadhaa. Rabbii keessanitti arnanaa, isa ibaadaa | ٱسْتَجِيبُوا۟ لِرَبِّكُم |
| *Odoo guyyaan qiyaama'aa hin dhufne Kan hoggaa Rabbiin guyyaa qiyaama'aa san fide, namni guyyaa san deebisu hin jirre, | مِّن قَبْلِ أَن يَأْتِيَ يَوْمٌ لَّا مَرَدَّ لَهُۥ مِنَ ٱللَّهِ |
| *Kan azaaba guyyaa sanirraa bakki itti dheysitan isiniifhinjirri , | مَا لَكُم مِّن مَّلْجَإٍ يَوْمَئِذٍ |
| 47}*Gaafas waan addunyaarratti dalay- | وَمَا لَكُم مِّن نَّكِيرٍ ﴿٤٧﴾ |

dan diduu hin qabdan. waan dalagaan teessan katabamtee jirtuuf, takkaa nama isinii dirmatu hin qabdan jechu'.guyyaan qiyaama'aa jaba'aa, odoo inni hin dhufne.karaa Rabbii qabadhaa, yaaminsa Rabbii dhagaya'aa

| | |
|---|---|
| *Duuba yaaminsa Rabbirraa yoo gam galanii kafaran, hin yaaddawin. | فَإِنْ أَعْرَضُوا۟ |
| *Nuti dalagaa isaanii eegee akka ati fe- | فَمَآ أَرْسَلْنَٰكَ عَلَيْهِمْ حَفِيظًا |

etu takkaa barbaachisu godhu'uuf, sin erginee,ati iimaanatti isaan yaamuu malee, iimaana qalbii isaanii keessatti uumuu hin dandeessu, sun dalagaa Rabbiitii .

| | |
|---|---|
| *Ati wanni sirrajiru, waan biraatii mitii diin islaamaa isaanitti geessuu, yoo qeebalan tolte yoo didan ati dalagaa teetin dhaabbattee, hin yaaddawin . | إِنْ عَلَيْكَ إِلَّا ٱلْبَلَٰغُ |
| *Nuti hoggaa qananii teenya, takka fayya'aa, durumma'aa faa,nama tokko dhandhamsiifne, | وَإِنَّآ إِذَآ أَذَقْنَا ٱلْإِنسَٰنَ مِنَّا رَحْمَةً |

فَرِحَ بِهَا *Ni gammadaan. isi'iin if guddisa,

وَإِن تُصِبْهُمْ سَيِّئَةٌ * Ammoo yoo wanni hamtuun,yookaa balaan isaan tuyxe ,

بِمَا قَدَّمَتْ أَيْدِيهِمْ *Sababaa cubbuu isaan harka isaanitiin dalaganiif, sababaa dilii isaanirraa argamteetif.

فَإِنَّ ٱلْإِنسَٰنَ كَفُورٌ ﴿٤٨﴾ 48}*Namni sun, Rabbi moroma nikgmaa Rabbiin isa kennuu ture,qananii isaati moroma, kennaan Rabbii arjummaa isaatinii, balaan balleessaa gabrichaatii, hin beekkuu. Wanni namarratti jiru, yoo Rabbiin qananii isaa kenne, Rabbiif galata galchee, waan Rabbiin fedhuun dalagu'u. yoo balaan isa tuyxe, obsee Rabbiif galata galchuu.dilii isarraa dhiqu'uutu kajeelamaa .

لِّلَّهِ مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ *Qabeenyi dachi'ii sami'ii kan Rabbiitii waan fedhe isaan lamaan keessatti dalaga

يَخْلُقُ مَا يَشَآءُ *Rabbiin waan fedhe akka fedhetti uuma

يَهَبُ لِمَن يَشَآءُ إِنَٰثًا *Rabbiin nama fedheef, dubra qofa kenna. akka nabi luuxifii,nabi shukgeybii, dubra qofa kennetti

وَيَهَبُ لِمَن يَشَآءُ ٱلذُّكُورَ ﴿٤٩﴾ 49} * Ammallee abbaa fedheef,dhiira qofa kenna,akka nabi ibraahiimii dhiira qofa kenne, isaan afurii Ismaakgiil . Ishgaaq, Madyan, Mudaayin.

أَوْ يُزَوِّجُهُمْ ذُكْرَانًا وَإِنَٰثًا *Takkaa nama fedheef, dhiiraa dhalaa kenna. akka nabi muhammadiif dhiira sadiyii ( Qaasim, Abdullaahi, Ibraahiim} dubra afur kenne,isaan ( Zeynab .Ruqayyaa ,Ummu kalthuum , Faaximaadhaa Rabbiin isaanirraa haa jaalatuu.

وَيَجْعَلُ مَن يَشَآءُ عَقِيمًا *Rabbiin nama fedhe masheena godha. kan hin dhalle.yoo dhalaa taate. Kan isaaf hin dhallanne.yoo dhiira taye, akka nabi kgiisa'aafii nabi yahgya'aa

إِنَّهُۥ عَلِيمٌ *Rabbiin kan waan uumu hunda beekku

قَدِيرٌ ﴿٥٠﴾ 50}*Kan waan fedhe hunda dandayu

۞ وَمَا كَانَ لِبَشَرٍ أَن يُكَلِّمَهُ ٱللَّهُ *Namni tokkolleen kan Rabbiin isa

dubbisu hin taane.

إِلَّا وَحْيًا

*Yee karaa waarida'aa'tin takkaa qalbii isatti waa himu'uutin taate malee .

أَوْ مِن وَرَآيِٕ حِجَابٍ

*Takkaa dawuu duuban yoo taate malee .kan namni inni dubbisu dawoo duuban dhagayu.akka nabi muusan dubbii Rabbii dhagaye .kan isan argin .

أَوْ يُرْسِلَ رَسُولًا فَيُوحِيَ

*Takkaa yoo malaaykaa nama tokkotti ergee, malaaykichi sun nama itti ergame san dubbise malee.

بِإِذْنِهِۦ مَا يَشَآءُۚ

*Iznii Rabbiitin waan Rabbiin dubbisi je'eenin kan akka jibriil, israafiil malaaykaa gaaraa.

إِنَّهُۥ عَلِيٌّ

*Rabbiin waan isaan hin malle, waan uumame fakkaatu'urraa ol taye,

حَكِيمٌ ﴿٥١﴾

51}*Kan waan hunda hgikma'aan dalagu,

وَكَذَٰلِكَ

*Akka warra si duraa, manaaman, takkaa dawoo duuban takkaa malaaykaa itti erginee dubbifnetti yookaa barsiifnetti ,

أَوْحَيْنَآ إِلَيْكَ رُوحًا

*Ruuhgii sitti erginee, si barsiifne. Ruuhgin qur'aana

مِّنْ أَمْرِنَاۚ

*Garii amrii teenyarraa.quraana si barsiifne, qur'aanni garii waan Rabbiin nabi muhammad barsiiseti. Wanni qur'aanan ruuhgii je'eef: isaatu waan qalbiin isaan jiraattu jecha'aafi.

مَا كُنتَ تَدْرِى

* Ati yaa ergamaa kiyya Muhammad odoo nuti sin barsiisin beekuu hin turre

مَا ٱلْكِتَٰبُ

*Waan qur'aanni taye .

وَلَا ٱلْإِيمَٰنُ

* Ammallee waan shari'aan iimaanaa taye beekuu hin turre. akkaataa salaataa faa

وَلَٰكِن جَعَلْنَٰهُ

*Haa tayuu qur'aana yookaa ruuhgii goonee jrrra,

نُورًا نَّهْدِى بِهِۦ مَن نَّشَآءُ مِنْ عِبَادِنَاۚ

*Ifaa, nama feenen, gabroottan keenyarraa karaa haqaa qajeelchinu. Qajeelloo qalbii nama feenee, keessatti uumna.

وَإِنَّكَ لَتَهْدِىٓ إِلَىٰ صِرَٰطٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿٥٢﴾

52}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, ati waan nuti sirratti buufnen, ni qajeelchita karaa islaamatti nama yaamta, waan nuti siin jenne umrnatatti geessita, karaa diriiraa dabiinsan qabne, kan jannatatti nama geessu.

صِرَٰطِ ٱللَّهِ ٱلَّذِى لَهُۥ مَا فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِى ٱلْأَرْضِ ۗ

*Karaa Rabbii.wanni sami'iifii dachii keessa jiru kan isaa taate,uumu'uufii , qabeenyafii , gabrumrnaaan hundi kan isaatii ,karaa {waaqa} akkanatti nama yaamtaa. duuba kan nama feene qajeelloo qunamsiifnu nuhi. ati ni yaamtaa nuti ni qajeelchina,

أَلَآ إِلَى ٱللَّهِ تَصِيرُ ٱلْأُمُورُ ﴿٥٣﴾

53}*Dhagayaa waan hunda. waaqatu uumee , wanni mrn uume hundi gara Rabbiiti deebiti. Wanni takkalleen tan Rabbirraa liphii takka duroomtu, hin jirtu .